Qorannoo Hojimaata Sakatta'iinsa Yaada Ummataa B.K.O

Assessment of O.C.B's Public Opinion Survey Practice

Gabaasa Qorannoo

Research Report
Sad, 2016

Qorataan:

Abbabaa Guutamaa:

Daar. Qorannoo, Gahoominaa fi Hariiroo Kominikeeshinii

Seensa

- Akka naannoo Oromiyaatti jaarmiyaan hojii sakatta'iinsa yaada ummataa bifa idileetiin hojjetu B.K.O dha.

- Biiroon hojii kana kan jalqabe bara 2001 irraa qabee ta'uu ragaaleen jiran ni mullisu.

Seen…

- Haata’u malee, hojiin kun hojimaata ammayyaawaan deeggaramee turemoo hin turre kan jedhu ifa miti.

Seen…

- Qorannoon kunis kanuma sakatta’uuf yaadamee kan qoratamedha.

Seen-duubee

- Akka Itoophiyaatti hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa yoom akka eegalame ifatti hin beekamu.

Seen-

- “Getasew” (2019) akka jedhutti, ministeerri beeksisaa bara 1935tti erga hundaa’ee qabee yaada ummataa rogeessuudhaan maqaa moototaafi sirnoota isaanii tolchuuf yaaliin godhamaa turee jira.

Seen-

- Hojichi bifa idileetiin akka eegalame kan mirkanaa'e garuu waajjirri dhimmoota kominikeeshinii federaalaa bara 2002tti erga hundaa'ee booda jedha(p.2).
- Waggaa 72 booda jechuudha

Seen-

- Akka naannootti hojiin sakatta'iinsa Y.U aangoo fi gahee hojii bara 2004tti BDhKMf kenname keessa ifatti taa'ee jira. Innis akkas jedha:

Seen-

a. *Yaadaa fi gaaffii ummataa kallattii adda-addaatiin ni sassaaba; ni xiinxala; hojii kominikeeshinii irratti ni hojjata; seektara dhimmi ilaaluun iftoominni akka irratti uumamu ni taasisa,*

Seen-

b. *Dhimmoota mootummaa tarsiimo'aa ta'an irratti qorannoo yaada ummataa gaggeessuun hojii kominikeeshinii irratti ni hojjata; miidiyaanis akka irratti hojjatu ni taasisa.*

Ibsa Rakkoo

- Akka qorattoonni jedhanitti dhimmi yaada ummataa hojii ijoo qaamolee quunnamtii ummataa ykn kominikeeshinii ti.

Ibsa…

- Hojiin ogeeyyii kominikeeshinii inni ijoon , yaada ummataa gara jaarmiyaa isaanii fayyaduu danda'utti dhiibuudha

Ibsa…

- Inumaayyuu, yaada ummanni isaaniif qabu beekuuf jaarmiyaaleen dhimmaman yaada ummataa gara ofii barbaadanitti dhiibuuf yeroofi mahaalla hedduu fixu

Ibsa…

- Akka mootummaattis yoo ilaalle, sakatta'iinsa Y.U fi mootummaa gidduu hariiroo cimaatu jira.

Ibsa…

- The main functions served by public opinion in governance are:

Ibsa…

- making decision makers aware of public preferences,
- show how the public wants government programs to be administered and
- finding out how satisfied the public is with government programs and services

Ibsa…

- The basic principle of public opinion's usefulness in governance is that:
  - it can improve the effectiveness and efficiency of government

Ibsa…

- Keessumattuu biirooleen kominikeeshinii hariiroo faayidaa gar-lamee (mutually beneficial relationship) diriirsuutu isaanirraa eegama

Ibsa.

- Kanaaf immoo hojichi bifa saayinsaawaa ta’een raawwatamuu qaba.

Ibsa…

- it is important to emphasize the well established principles of probability sampling and good sample implementation

Ibsa…

- Fkn, tooftaan iddatoon ittiin fuudhamu, iftoominni gaaffilee fi ittifayyadamni jechootaa sirrummaa (accuracy) qorannichaa irratti dhiibbaa mataasaanii qabu

Ibsa…

- Kanaaf ragaan ummatarraa walitti qabamu hundi yaada ummataa isa sirrii bakka-bu’a jedhanii murteessuun hin danda’amu

Ibsa…

- Kana jechuun, hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa ulaagaa mataasaa danda’een raawwatamuu qaba.

Ibsa…

- Yeroo ammaa hojiin sakatta’iisa yaada ummataa B.K.O bifa sadiin raawwatamaa akka jiru sanadoonni jiran ni mul’isu (desk research).

Ibsa…

- Isaanis
  - qorannoo dhimmoota tarsiimo'aa,
  - qorannoo ajandaalee haala yeroo fi
  - qorannoo idilee (gaaffii ummataa) jedhamuun beekamu.

Ibsa…

- Haata’u malee hojimaatni biiroon hojii kanarratti qabu (**Procedures**) maal akka fakkaatuu fi akkamitti raawwatamaa akka jiru ifa miti.

Ibsa…

- Kanaafuu adeemsa waliigalaa sakatta'iinsa yaada ummataa BKO xiinxaluudhaan hojimaata kana fooyyessuun barbaachisaa ta'eera.

Ibsa…

- Qorannoon kunis qaawwaa gama kanaan jiru adda-baasuun yaadni uummataa karaa saayinsaawaa ta’een sassaabamee hojiin bu’a-qabeessi akka hojjetamu mala dhahuuf yaadamee kan qoratamedha.

Kaayyoo Gooroo

- Hojimaatni sakatta'iinsa Yaada Ummataa caasaalee B.K.O maal akka fakkaatu sakatta'uun adda-baasuudha.

Daangaa…

- Qorannoon kun garuu ogeeyyii caasaalee sadarkaa naannoo, godinaafi magaalaa jiran irratti raawwatame.

Daangaa…

- Haaluma kanaan qorannichi waajjira muummee Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa, caasaa isaa sadarkaa godinaa 17 fi bulchiinsa magaalaa 17 hirmaachiseera.

Eddatoo fi Mala Eddateessuu

- Gareen xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ogeeyyii Caasaa B.K.O hojii sakatta’iinsa yaada ummataa irratti bobba’anii jiranidha.

Eddatoo..

- Caasaan sadarkaa sadeen kana irra jiru muraasa waan ta’eef eddatoo fudhachuu dhiisnee guutummaa-guutuutti akka hirmaatan gonee jirra.

Mala ragaan ittiin walitti qabame

1. Gaafannoo barreeffamaa
2. Marii Garee Xiyyeeffannoo (FGD)
3. Af-gaaffii

Odeeffannoo Waliigalaa Gaafannoo

Lak.	Dhimma		Baayyina	%
1	Caasaa	Godina	17	81
		Magaalaa	17	74
2	Koorniyaa	Dhi.	42	63.6
		Dha.	21	31.8
		N.R	3	4.5
3	Muuxannoo Kominikeeshinii	0-5	11	16.67
		6-10	27	41
		11-15	21	32
		>15	2	3
		N.R	5	7.6

Qaaccessaa fi Guduunfaa

- Hojiin sakatta'iinsa yaada ummataa hojimaata (qajeelfama) waalta'aa akka biirootti ittiin hogganamu qabaachuusaa adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef % 44 eyyee yoo jedhan, %56 immoo lakki jechuun deebisan.

Qaaccessa...



Qaaccessa…

- Dhimma kana irratti ragaan marii gaaree xiyyeeffannoo fi gaafannoo afaanii irraa argame garuu hojimaatni waalta’aan diriirfame akka hin jirree fi hojichi barmaataafi muuxannoodhaan hojjetamaa turuu agarsiisa.

Qaaccessa…

- As irratti caasaa godinaa fi magaalaa bira burjaajiin akka jiru hubanna.
- Ogeeyyiin baayyinni isaanii salphaa hin taane (% 44) hojimaatni jira jedhanii amanu.
- Garuu barmaataa malee hojimaatni diriire akka hin jirre hubannoo hin qaban

Qaaccessa…

- Yaadi ummataa sassaabamee ergamaa ture ummata bakka bu'uu danda'aa kan jedhu adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef % 85 eeyyee yoo jedhan, % 13.6 garuu lakki jechuun deebisan.

Qaaccessa...


Yaadi ergamu, yaada ummataati jechuun in danda'amaa?
1.4
13.6
85
Eeyyee
Lakki
N.R.

Qaaccessa…

- Kana irratti muuxannoon addunyaa keessa jiru akkas jedha:
- *It cannot be taken for granted that* ***responses in an opinion poll represent true public opinion***

Qaaccessa…

Maloonni ogeeyyiin ragaa sassaabuuf itti-fayyadamaa turan maalfaa akka ta’an adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef tooftaalee sadii adda-baasuun danda’ameera.


90
80
70
60
50
40
30
20
10
0
Mala Sassaabbii Ragaa
Bilbila
Qaamaan
Intarneetiin

Qaaccessa…

- Kunis mala sassaabbii ragaa addunyaa keessa jiruun kan walsimu ta'uu agarsiisa.
- *"Two of the most common ways in which public opinion polls are conducted are* ***telephone and face-to-face interviews".***

Qaaccessa…

Filmaata dhiyaataniin ala tarii tooftaan biraa yoo jiraate qulqulleessuuf carraa kennameen waltajjii ummataarraa kan jedhu dabalataan adda-baasuun danda’ameera.

- Ta’ullee waltajjiin ummataa eddatoo adeemsa saayinsaawaa eegee filatame waan hin taaneef madda fudhatama qabu ta’ee hin argamne.

Qaaccessa…

- Eddatoon fudhatamu kutaa hawaasaa hunda kan bakka bu'u ta'uuf dhiisuu isaa adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef deebiin kenname % 60 lakki kan jedhu.
- Kutaa hawaasaa yeroo jedhamu gosa hojii, amantaa, koorniyaa, bakka jireenyaa fi kkf'n ibsama.

Kutaa hawaasaa hunda hirmaachisaa turee?



Qaaccessa…

- Muuxannoon addunyaa keessa jirus hawaasa hunda bakka bu’uu akka qabu agarsiisa.

Qaaccessa…

- *Practitioners have employed other methods that included face-to-face multi-stage designs and telephone interviewing by random-digit dialing* ***to ensure representative samples***

Qaaccessa…

- *Statistical methods have also been developed for the design of* ***modern survey sampling, such as clustering and stratification***
- **Quota sampling** can also be deliberately used to increase the representativeness of the sample

Qaaccessa…

- Namoonni yaada kennan haala kamiin filatamu kan jedhuuf ogeeyyiin bal'inaan tooftaa 2 akka fayyadaman adda-baheera. Isaanis caasaa mootummaa fi ijaarama adda-addaa fayyadamuun kan jedhanidha.


80
70
60
50
40
30
20
10
0
Baayyina namoota
Wal-beekumsaan
Caasaa mootummaa
Ijaarama adda-addaa
Irra-buusiidhaan

Qaaccessa…

- Akka hojimaata saayinsaawaatti garuu namoonni yaada kennan kan filaman irra-buusiidhaan (random) ta’uu qaba.

Qaaccessa…

- *The correct way to draw a representative sample is* ***through a process of simple random sampling*** *The wrong way is to rely on some other forms of sampling, such as* ***self-selection***

Qaaccessa…

- Dhimma tokko irratti Y.U sakatta’uuf ogeeyyiin nama meeqarraa yaada fuudhatu kan jedhu adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef deebii kenname keessaa walakkaa kan ta’u (% 49) nama 2 hanga 30 yoo ta’u, % 26 immoo nama 40 hanga 400 ta’uu mullisa.

Baayyina namooti yaadni irraa fuudhamuu

Lak.	Daangaa baayyinaa	Baayyina	%
1	2-6	9	13.64
2	10-30	23	34.85
3	40-60	9	13.64
4	100-400	8	12.10
5	>2000	4	6
6	Akka barbaachisummaa isaatti	4	6
7	Deebii hin malle (irrelevant)	8	12.10
8	N.R	1	1.50
	Ida'ama	**66**	**100**

Qaaccessa…

- Akka saayinsiitti garuu yoo xiqqaate nama 1000 hirmaachisuu barbaada.
- ***For a small and quick poll,*** *there are only a few questions (sometimes even only one) that have to be answered by* ***a small sample of, say, 1000 people***

Qaaccessa…

- Ogeeyyiin baayyina namoota yaada irraa fuudhanii akkamiin murteessu?
- Yaada gahaa argachuu fi dhiisuu isaanii tilmaamuun,
- Yeroo qaban irratti hundaa'uun,
- Ulfaatina dhimmichaatiin,
- Wayitaawummaa dhimmichaatiin
- Eddattoo herreguun

Qaaccessa…

- Tooftaa dhumarra jiru (eddatoo herreguu) kan jedhurraa kan hafe ulaagaan tarreeffame hundi safaramuu fi madaalamu kan danda'u miti. Kanaafuu fudhatama kan qabu ta'ee hin argamne.
- Gabaabumatti, ogeeyyiin mala wal-hin fakkaannee fi saayinsaawaa hin taane fayyadamaa jiraachuu isaanii mullisa.

Qaaccessa…

- Dhimmoota hanga ammaatti xiinxalle walitti qabnee yoo ilaalle, hojimaatni sassaabbii ragaa Y.U ulaagaa saayinsaawaaan kan hin deeggarame taa'uu hubanna.

Qaaccessa…

- Gubbaatti hirmaattonni % 85 ragaan sassaabamu yaada ummataa bakka bu’uu kan danda’udha jechuun deebii kennanillee,
- deemsi isaa hanqina adda-addaa waan qabuuf yaadichi, yaada hawaasa bal’aa ibsudha jechuun hin danda’amu.

Qaaccessa...

- Gara dhimma isa lammataatti yoo dabarru, yaadni sassaabamu haala kamiin xiinxalamaa akka ture adda-baasuuf filmaatni dhiyaatan sadeenuu gahee akka qaban hubatameera.
- Isaan keessaa baayyinaan hojiirra oolaa kan jiran xiinxala hangamtaa (%) fi akkamtaa (qualitative) dha.

Qaaccessa...


60
50
40
30
20
10
0
Xiinxala
Yaada dhuunfaa
Hangamtaa (%)
Akkamtaa (Qual)

Qaaccessa…

- Ragaan marii garee ogeeyyii waajjira muummee BKO fi ibsa afaanii daarekteera adeemsa sanaa irraa argames hojichi irra caala hangamtaan akka hojjetamu akeeka.

Qaaccessa…

- Haata’u malee darbee-darbee hojicha akkamtaan xiinxaluun akka jiru ragichi in mullisa.
- Akka hojimaata saayinsaawaatti, sakatta’iinsi Y.U qorannoo hangamtaa keessatti ramadama

Qaaccessa…

- Kanaafuu xiinxalli isaa hangamtaan herregamee qaacceffamuu qaba.
- As irratti “Tench & Yeomans” “public opinion is interpreted today as the view of the majority” jechuun ibsu.

Qaaccessa…

- Kanuma wajjin, yaada ummataa yeroo yeroon babal'ataa deemu irratti xiinxalli bifa kamiin hojjetamaa akka ture adda-baasuuf gaaffii dhiyaateef deebii sirrii kan kennan %10 qofaadha.

Qaaccessa...

- Deebiin isaan kennan “yeroo-yeroon (itti-fufiinsaan) sadarkaasaa hordofuu, fuula-dura maaltu uumamuu akka malu akeekuu, sodaafi shakkii jiru adda-baasuu” kan jedhu.

Qaaccessa…

- Gama kanaan obbo Tashoomaan yaadaa fi gaaffiin ummataa bifa idileetiin sassaabamu torbanitti al-tokko qaacceffamee kallattiin akeekamaa akka jiru eeraniiru.

Qaaccessa…

- Akeekni torbanii garuu dhimma yeroo-yeroon babal'ataa deemuuf malee, dhimma ittifufiinsa hin qabne/bakka tokkotti xumuramuuf/ barbaachisaa miti

Qaaccessa…

- Sadaffaarratti yaada ummataa yeroo-yeroon sassaabamuuf duub-deebiin kennamuu fi dhiisuu adda-baasuuf gaaffii ogeeyyii fi daarekteeraaf dhiyaateef deebiin argame duub-deebiin kennamu akka hin jirre mullisa.

Qaaccessa…

Aangoo fi gaheen hojii B.K.Of kenname garuu yaadaa fi gaaffii ummataa irratti seektarri dhimmi ilaallatu iftoomina akka uumu ni taasisa jedha.

- Karaa iftoominni ittiin uumamu keessaa tokko duub-deebii kennuudha.

Qaaccessa…

- Akka moodeela kominikeeshinii gar-lameettis, Y.U silaa duub-deebiin xumuramuu qaba.

Qaaccessa…

- Kun ta’uu baannaan ummata keessatti burjaajii fi shakkii uumuun ummataa fi mootummaa walirraa fageessaa deemuu danda’a.

Qaaccessa…

- Dabalataan karaa seektaraatiinis ta’e karaa biirootiin waltajjii fuulaa-fuulaa, ibsa miidiyaa fi kkf qopheessuudhan (hojii kominikeeshinii irratti hojjechuun) iftoomina uumuun ni danda’ama.

Qaaccessa…

- Akka saayinsiitis, hojiin kominikeeshinii tokko milkaa’eera kan jedhamu deemsi ergaa kennuu fi fudhachuu duub-deebii kennuudhaan yoo xumuramedha.

Qaaccessa…

- *Communication is a process which starts with the sender. Then it moves by encoding and decoding messages, through some channel till the receiver receives the message* ***and ends with the feedback***

Qaaccessa…

- Dhumarrattis hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa B.K.O kaayyoosaa fiixa baasaa akka jiruu fi hin jirre hubachuuf gaaffii dhiyaateef deebiin kenname %60ni miti kan jedhudha.

Qaaccessa...


Sakatta'iinsi Y.U kaayyoosaa fiixa baaseera jettanii yaadduu?
1.5
37.8
60.6
Eeyyee
Lakki
N.R

Qaaccessa…

- Hirmaattonni sababii lakki jedhaniif gaafatamanii deebii adda-addaa kennan. Isaan keessaa:
- Yaadi xiinxalamee dhiyaatu qulqullina dhabuu (hojicha maaltu nadhibee fi Istaandaardii eeganii hojjechuu dhabuu)

Qaaccessa…

- Duub-deebiin kennamuu dhabuu,
- Hojichi karaa waalta’ina ta’een hojjetamuu dhabuu kan jedhanidha.

Qaaccessa…

- Hanqinaaleen xiinxala kana keessatti adda bahan mataan isaanii, bu'a-qabeessummaan sakatta'iinsa Y.U B.K.O irratti dhiibbaa uuman qabu.

Qaaccessa…

- Akka Bennett (2017) jedhutti, kaayyoon sakatta'iinsa Y.U inni ijoon:
- The views of the public **can improve the effectiveness and efficiency of government**

Qaaccessa…

- Kanarraa ka’uun, ogeeyyiin caasaa B.K.O, hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa akka milkaa’uuf fuula-duraatti maaltu fooyya’uu akka qabu gaafatamanii mala adda-addaa dhahanii jiru.

Qaaccessa…

- Hojimaata waalta’e diriiruu
- Leenjii ogummaa kennuu
- Duub-deebii idileessuu

Qaaccessa…

- Muuxannoo babal’isuu
- Qorannoo fi qo’annoodhaan tooftaa fi mala sakatta’iinsa yaada ummataa fooyyessuu
- Yaada sakatta’amu irratti hojii miidiyaa hojjechuu

Guduunfaa (Conclusion)

- Hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa hojimaata (qajeelfama) waalta’aa akka biirootti ittiin hogganamu akka hin qabne ragaa gaafannoo barreeffamaa, marii garee fi aaf-gaaffiitiin mirkanaa’eera.

Guduunfaa…

- Hojichi irra-caala muuxannoo fi barmaataan hojjetamaa akka jiruu fi hanqina adda-addaa akka qabu adda-baheera.

Guduunfaa

- Ogeeyyiin gaafannoo guutan hedduun yaadi sassaabamaa ture yaada ummataa bakka bu'a jedhanii kan amanan ta'us, hojimaata saayinsaawaan kan deeggarame waan hin taaneef yaada ummataati jechuun hin danda'amu.

Guduunfaa …

- Akka waliigalaatti hojiin sakatta’iinsa Y.U caasaalee B.K.O ulaagaa walfakkaataa hin taaneefi saayinsaawaa hin taane irratti kan hundaa’e ta’uu hubanna.

Guduunfaa

- Kun immoo mootummaa fi ummata gidduutti wal-hubannaa uumuu keessatti hanqina ta’ee mul’ateera.

Yaboo (Recommendations)

- Hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa B.K.O akka milkaa’u fuula-duraatti dhimmoonni irratti xiyyeffatamuu qabu jedhanii ogeeyyiin akeekan:

Yaboo…

- Hojimaata waalta’e diriiruu
- Leenjii ogummaa kennuu
- Duub-deebii idileessuu
- Muuxannoo babal’isuu

Yaboo

- Qorannoo fi qo’annoo babal’isuun tooftaa fi mala sassaabbii yaada ummataa fooyyessuu
- Yaada sassaabamu irratti hojii kominikeeshinii hojjechuu

Yaboo

- Dhimmoota gurguddoo qorannoo kanaan adda-ba'an irratti falli dhahaman kanneen itti'aananidha.

Yaboo

- Tooftaan ragaan yaada ummataa ittiin walitti qabamu gaafannoo barreeffamaa ta'ee bifa bilbilaan, qaamaan ykn 'online' tiin raawwachuun in danda'ama.
- Namoonni kutaa hawaasaa hunda bakka bu'an keessatti hirmaachuu qabu

Yaboo

- Namoonni yaadi irraa fuudhamu mala irra-buusii/carraa adda-addaa fi amansiisaa fayyadamuun raawwatamuu qaba

Yaboo

- Baayyinni namoota yaada kennanii eddattoo saayinsaawaadhaan murtaa'uu qaba
- Gaaffiin dhimma tokkorratti dhiyaatu salphaa fi ifaa ta'uu qaba

Yaboo

- Xiinxalli yaada ummataa dhibbeentaan herregamee qaacceffamuu qaba
- Yaada xiinxalamee gara biirootti ol-ergame irratti qaama dhimmi ilaallatuun duub-deebiin kennamuu qaba.

Yaboo

- Hojimaatni waalta'aan hojiin sakatta'iinsa yaada ummataa B.K.O ittiin hoogganamu diriiruu qaba.
- Sakatta'iinsi Y.U hojimaata saayinsaawaan deeggaramee raawwatamuu qaba, dhimmoota tarsiima'aa mootummaa fi ajandaalee haala yerootti daangeffamuu qaba

Yaboo…

- Qorannoo idilee jedhamee bifa komii fi gaaffiitiin wanti hojjetamaa jiru keessa-deebi'amee ilaalamuu qaba.
- Hojichi akka barbaachisummaa isaatti hordofamee kan hojjetamu malee bifa idileetiin hojjetamuu kan qabu miti.

Yaboo…

- Dhimma kana bifa lamaan ilaalamuun ni danda'ama.
- Tokkoffaa, gaaffii fi komiin akka odeeffannootti bifa eeruutiin fuudhamee keessummaa'uu danda'a. Kun qorannoo saayinsaawaa kan barbaadu miti.

Yaboo…

- Lammaffaan rakkoo kenna tajaajilaa bal'ina qabu yoo ta'e, itti-quufiinsa ummanni sagantaa mootummaa irratti qabu sakatta'uuf oolchuun ni danda'a.
- Kun qorannoo saayinsaawaan deeggaramuu qaba

Yaboo…

- Taateen guyya-guyyaa garuu akka yaada ummataatti otoo hin taane akka odeeffannootti fuudhamuu qaba.

Yaboo…

- Walumaagala hojiin sakatta’iinsa yaada ummataa qorannoo dhimmoota tarsiimo’aa mootummaa fi qorannoo ajandaalee haala yeroo irratti fuulleffachuu qaba.
- Kanaaf hojicha keessa-deebiin ilaalaluun gaarii ta’a.

Ulfaadhaa!